GIFIRA ITTISUU

HIMALA DURAA FI BOODA

Gifirri Keessattuu daa'immanii fi ijoollota xixiqqoodhaaf balaa qabaachuu danda'a. Dhukkubni gifiraa cimaan hospitaala ciibsuu fi du'atti illee nama geessuu danda'a.

Dhukkubni gifiraa ammallee kutaalee addunyaa hedduu keessatti baay'inaan mul'ata. Namni dhukkuba gifiraa guutummaatti hin talaalamnee fi sadarkaa idil-addunyaatti ykn gara bakka weerarri busaa jirutti imalu balaadhaaf saaxilama.

Talaallii gifiraa, dhiita mormaa, dhiita'uu gogaa (MMR) jedhamu fayyadamuun ofii keessanii fi ijoollee keessan dhukkuba busaa irraa eeguu dandeessu.

Adeemsa addunyaarra goonu DURA maal gochuu qabna

1. **Doktora, narsii ykn kilinika kee waliin haasa'i** namni hundi dhukkuba gifiraa irraa akka eegamu mirkaneessuuf.
2. **Yoo xiqqaate torban 2 dura talaallii fudhadhu.**
   - Daa'imman ji'a 6 hanga 11 ta'an hamma murtaa'a talaallii MMR fudhachuu qabu.
   - Namni ji'a 12 fi isaa ol ta'e hundi (ga'eessota dabalatee imala dura hamma waliigalaa 2 argachuu qaba.
     - Yoo kanaan dura talaallii hin fudhanne ta'e, battalumatti doosii/hamma 1ffaa fudhadhu. Guyyaa 28 booda doosii/hamma qorichaa 2ffaa argachuu dandeessu.
     - Yoo kanaan dura doosii 1 fudhatte, imala dura doosiin 2ffaa fudhadhu.
3. **Imalli keessan torban 2 gadi yoo ta'ellee, talaallii MMR doosii 1 argachuu dandeessu.**

Yoo gara naannoo U.S. keessatti weerara gifiraa qabutti imaluuf karoorfatte, namni hundi dhukkuba gifiraa irraa akka eegamu mirkaneessuuf hakiima, narsii ykn kilinika kee waliin haasa'i.

Imala addunyaa ykn bakkaa bakkattii gifirri itti baay'atee jiru yoo demte sana BOODA maal gochuu qabdu.

1. **Mallattoolee dhukkuba gifiraa torban 3f ilaalaa** erga deebitee booda. Gifirri **baay'ee daddarba** fi dafee namoota birootti babal'achuu danda'a.
2. **BATTALUMATTI doktora ykn kilinikaaf bilbili yoo:**
   - Ati ykn mucaan kee dhukkuba gifiraaf saaxilamte jettee yoo yaadde.
   - Ati ykn mucaan kee dhiita'uu gogaatii fi ho'a qaamaatiin yoo dhukkubsate, Eessa akka deemtan, akkasumas isinii fi daa'imni keessan talaallii MMR yoo argattan doktora keessanitti himaa.
3. **Yoo ati ykn mucaan kee dhiita'uu gogaan dhukkubsate fi qaama ho'uun dhukkubsate mana** turaa dooktora ykn kilinika hamma haasofsiistutti.

DABALATAAN BARACHUUF